



Bu'aalee Qonnaa

Afaan Oromoo

Kutaa 3

Leveled





Bu'aalee Qonnaa

Afaan Oromoo

Kutaa 3

Leveled



Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017



USAID
FROM THE AMERICAN PEOPLE



Save the Children



The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: <https://creativecommons.org/licenses/>

Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- ✎ Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- ✎ Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- ✎ Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- ✎ Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

A. Gaaffiiwwan Dubbisuun Duraa

Barreeffama armaan gadii osoo hindubbisin dura gaaffiiwwan armaan gadii deebisaa.

1. Qonnaan maali?
2. Faayidaan qonnaa maal maal isinitti fakkata?
3. Qonnaa irraa bu'aalee maal maaltu argama?



Dinagdee biyya tokkoo keessatti qoni ga'ee murteessaa ta'e taphata. Kanaaf qonni sirna dinagdee biyya tokkoo keessatti lafee dugdaati jechuun nidanda'ama. Qonni nyaataaf meeshaalee waarshaaf ooluurra darbee namoota hedduuf carraa hojii uuma.

Yeroo durii qonni midhaan nyaataa oomishuu qofa ilaallata ture. Amma garuu, midhaan nyaataa oomishuu irra darbee gurguranii galii (qarshii) argachuunfis ni oola. Karaa birootin immoo bu'aalee qonnaa kanneen ta'ani.

Fakkeenyaaf, oomisha midhaanii, loon,
bosona, horsiisa lukkuu, gaagura hidhuufi
kkf qonnaa keessatti ramadamu. Yeroo
ammaa qonnaan midhaan nyaataa
oomishuufi horii horsiisuun qofaa miti.
Gabaaf dhiyeessuun, ciicata warshaaf
oolchanii bu'aalee adda addaa argachuun
qonnaadha. Kanaaf qonnaa jechuun
oomisha, adeemsa, dagaaginaafi tamsaasa
bu'aalee qonnaa dabalata. Caalmaatiin
ammoo, bu'aalee qonnaa akka armaan
gadiitti haa ilaallu.

Qonni madda jireenyaatis. Namoota baayyeef maddi jireenya isaanii qonnaadha. Biyya keenya keessatti jireenyi namoota dhibbeentaa saddettamaa ol ta'in qonna irratti bu'uureffata. Sababni kanaas biyya keenya keessatti warshaan waan hinguddanneef. Warshaan lakkoofsa dhalootaa dabalaa deemuuf carraa hojii kennuuf humna gahaahinqabu. Kanatti dabalees, biyya keenya keessatti qonni madda galii biyyoolessaa isa murteessaadha.



Qonni madda soorataati. Qonna irraa soorata adda addaa arganna. Saawwan irraa aannaniifi dhadhaa arganna. Akaakuu soorataa keessaa aannan baayyee filatamaadha. Sababni isaas aannan wantoota adda addaa kan qaama namaaf barbachisan waan of keessatti qabaatuuf. Akkasumas, kurduraafi muduraan kan argaman omisha qonnaa irraati. Foon adda addas kan argannu qonna irraati. Kanaaf, qonni madda soorata ilma namaa akka ta'e ifaadha.

Akkasumas, qonni daldala addunyaa irratti taasifamuuf ni'oola. Bu'aaleen qonnaa irraa argaman kanneen akka shukkaaraa, ruuzii, timboo, bunaa, salixiifi kkf. Kanneen biyya alaatti ergamaniidha. Oomishni qonna irraa argame gara biyya alaatti ergamuun niguddata. Kunis meeshaan biyya alaa gara biyya keenyaatti galu akka hir'atu taasisa.

Kunis guddina diinagdeef adeemsa gaariidha. Sababni isaas qarshii barbaachisaa hintaane kan biyya alaaf baasnuu akka hir'isnu nu gargaara. Haala kanaan meeshaalee qonnaa irraa argaman biyya alaa irraa bituu nidhiifna. Yeroo kana maashinootaafi warshaalee garagaraa dhaabuudhaan dinagdee guddisuu dandeenya.



Guddinni oomisha qonnaa guddina warshaaf nigumaacha. Bu'aan qonna irraa argamu yoo guddachaa adeeme, warshaa guddisuufis gummaacha guddaa taasisuun isaa hinoolu. Biyyi guddachaa yoo deeme namoonni hedduun warshaalee adda addaa keessatti qacaramuun jijjiirama guddaa fiduu danda'u.

Namoonni kunneen garuu soorata isaaniif kan isaan irratti bu'uureffatan qonnaadha. Kana jechuun guddinni qonnaafi guddinni waarshaa walqabata jechuudha. Kunis gabaa addunyaa irratti qooda fudhachuun galii guddaa akka argamu nu gargaara.

Bu'aan qonnaa irraa argamu ciicatas nita'a. Waarshaalee adda addaaf ciicatni isaanii bu'aalee qonnaati. Fakkeenyaaf, shukkara, timboo, jirbiifi kkf. ciicata waarshaaf oolu. Waarshaaleen gara garaa bu'aalee qonnaa kanneen akka kuduraafi muduraafaa nibarbaadu. Bu'aalee qonnaa kanneenis gara oomisha birootti jijjiiranii gabaa irra oolchuuf bu'aalee qonnaa irraa argaman barbaadu.

Kana jechuun oomishni qonnaa carraa hojii uuma Fakkeenyaaf hojiiwwan armaan gadii haa ilaallu. Namoonni bishaan jallisii irratti bobba’an baayyee barbaachisu. Akkasumas namoonni bishaan akka lafa keessa yaa’u taasisan nu barbaachisu. Kana malees, gorsitoonni hojii qonnaa qotee bulaa biratti argamanii gorsa kennuu qabu. Namoonni oomisha abaaboo irratti bobba’aniif kkf. sababa bu’aa qonnaatiin kanneen carraa hojii argatanidha. Kunis rakkina guddina lakkoofsa ummataatiin dhufu hir’isuu irratti ga’ee guddaa taphata.



Omishni qonnaa guddina dingdeef oola.
Qonnaan namoota hedduuf carraa
hojii bana jechuun guddina dinagdeefis
nigumaacha jechuudha. Waan kana ta'eeffis
galiin biyyoolessaafi sadarkaan jireenya
namaa nifooyya'a. Guddinni qonnaa
irratti mul'atus ilaalcha gaarii namaaf
kenna; akkasumas hamileen namaa hojiif
akka kaka'u taasisa. Kanaaf guddinni
oomisha dinagdee guddina qonnaa irratti
bu'uureffata jechuun nidanda'ama.

Guddinni omishaqonnaa irratti mul'atu
kun galiinis akka guddatu nitaasisa.
Xiyyeeffannoon qonnaaf kennamee erga
hojiin qonnaa guddachuu jalqabee galiin
qotee buloota baayyeen ol ka'ee jira.
Galiin argame kunis deebi'ee hojii oolee
galii gara biroo fiduu danda'a.

Kana malee, oomishni qonnaan beela
dhabamsiisa. Guddinni wal irraa hincinne
qonna irratti yoo mul'ate beelli nibada.
Midhaan nyaatan of danda'uun wantota
gurguddoo biyya tokko irraa eegaman
keessaa tokko. Biyyi tokko midhaan
nyaatan yoo of dandeesse rakkoowwan
hir'ina sooratatiin dhufan dhabamsiisuu
dandeessi.

Walumaagalatti, bu'aan qonna irraa
argamu jiruufi jireenya namoota hedduu
faayyessa. Jalqabuma irraa kaasee qonni
hundee jireenya namaati. Hojiin qonnaa
soorata namaatiif bu'uura. Akkasumas
bu'aan qonnaa daladala addunyaatiif
umaacha oolaa qaba. Qonni ciicata
warshaatiif ooluutiin, carraa hojii
uumuutiin, guddina diinagdeef ooluutifi
beela dhabamsiisuutin ga'ee guddaa
taphata.



Jijjiirama qonnaan fidu

Hojii qonnaa kana irratti bobba'uunis namoonni diinagdeedhaan jijjiirama addaa fidan hedduutu jiru. Isaan keessaa maatiin Abbaa Foggii faa isaan tokko turan. Maatiin Abbaa Foggii Godina Jimmaa Aanaa Saqqaa Coqorsaa kan jiraatan yoo ta'u, bu'aa qonni qabu haalaan waan hubataniif cimani hojjetu. Hojiwwan qonnaa isaan hojjetanis horsiisa beeyiladaafi oomisha midhaan adda addaafa'i. keessumaayyuu buna hedduu dhaabuudhaan oomishni isaan achirraa waggaa waggaa argatan jijjiirama jireenya isaanii kan saffisiisedha.

Maatiin Abbaa Foggii oomisha bunaa
irraa waggaatti qarshii kuma dhibba
shanii olitti gurguru. Galiin isaan
wagga waggaan argatan kun immoo
galii hawaasa naannawa sana jiraniifi
diinagdee biyyaa guddisuu keessatti
ga'ee guddaa qaba. Maatiin Abbaa Foggii
oomisha bunaa sassaabuu irratti namoota
naannawa sanatti argaman kaffalanii hojii
hojjechiisuudhaan akka isaan fayyadamoo
ta'an taasisu. Namoonni maallaqaan hojii
guyyaa hojjechaa oolanis kaaffaltiidhuma
humnaa isaaniif kaffalamu kana
qusachudhaan jiruufi jireenya isaanii ittiin
fooyyeffatanii jiraatu. Kun immoo bu'aa
hojiin qonnaa qabu kan agarsiisudha.

Maatiin Abbaa Foggii hojiwwan qonnaa
isaan irratti hirmaatanii hojjetan keessaa
inni biroon immoo horsiisa beelladaati.
Beelladoonni isaan horsiisanis hoolaa
,re'ee, farda, looniifi harreefa'i. Horsiiisa
beeyiladaa kana keessatti haalli
maatiin kun beeyiladoota kana itti
kunuunsanis baayyee gaariidha. Kana
irraan kan ka'es ilmooleen beeyiladaa
dhalatanillee yeroo gabaabaa keessatti
guddatanii gurguramuudhaan galii
guddaa argamsiisuuf. Galii maatiin Abbaa
Foggii argatan keessaa immoo namoonni
naannawaa mootummaan fayyadamoo
ta'u. Kun immoo, diinagdee biyya keenyaa
guddisuu keessatti ga'ee olaanaa qaba.

Dabalataanis, maatiin Abbaa Foggii
fuduraafi kuduraalee adda addaa
oomishuun galii argatu. Fuduraalee maatiin
kun oomishan keessaa muraasni maangoo,
burtukaana, muuziifi paappayyaafa'i.
Kuduraalee keessaa immoo raafuu maraa,
qeexoofe timaatimiifa'i. Maatiin Abbaa
Foggii gurgurtaa kuduraafi fuduraa kanneen
irraa galiin isaan argatan hedduudha.
Walumaa galatti immoo hojiwwan qonna
irraa galiin isaan waggaa waggaa argatan
akka naannawaatti soorayyii beekamoo
isaan taasise. Mootummanis bu'aa maatiin
kun qonna irraa argachuun jireenya
dhuunfaa isaaniifi diinagdee biyyaa jijjiiran
irratti hundaa'uun isaan badhaase.

B. Gaaffilee Dubbisuun Boodaa

Gaaffileen armaan gadii dubbisa armaan olii irratti hundaa'un deebisaa.

1. Bu'aalee qonnaa tarreessaa.
 2. Bu'aalee qonnaa keessaa kan baayyee barbaachisa jettan filadhaatii irratti marii gaggeessaa.
 3. Bu'aalee qonnaa keessaa kan barreeffama kana keessatti hineeramne jiraa? Yaada keessan ibsaa.
-

